

WBOn Oromiyaa Bakkoota Adda Addaa Keessatti Loltootaa fi Ergamtoota Wayyaanee Irratti Injifannoo Goonfate!



GAACHANA UDIHATA OROMOO TI

(Madda Oduu ABO/MOA/Muddee 10, 2013) Humni addaa WBO Muddee 3, 2013 Ona Giddaa Ayyanaa bakka Guttiin jedhamu fi Onaa Habee Dongoroo gidduu bakka bishaan Mo'aa jedhamutti humnota basaasa wayyaanee godinota Wallagga Lixaa, Bahaa fi Horroo Guduruu keessaatti dalagaa basaasummaa irratti bobba'uun uummata hiraarsa turan haxxeen haleelee 2 ajeessuun 3 irraa madeessuu ajajni Humna Addaa WBO Abdii uummataa gabaase.

Basaasotni diinaa Amanu'eel Daanyaachoo fi Hasan Mohammad kanneen ajeeffaman yo tahan, Faasil Bayyanee, Daniel Ababee fi Yaasiin Huseen ammoo kanneen madaa'an tahuu gabaasi kun dabalataan addeessa. Kana malees Konkolatan basastotni kun ittin socho'aa turan lakkobsi gabatee A.A01791 tarkaanfii kana keessatti barbadaa'uun ibsameera. Tarkaanfii kanan walqabatee mootummaan shororkeessaa Wayyaanee uummata nagaa Onaa Giddaa bakka Shaashoo barrii irra namota 20, Guuttiin irraa namota 14 akkasumas Godina Horroo Guduruu Wallaaggaa Onaa Habee Dongoroo irraa namota 8 ol hidhuu ibsi ajaja Godinaa Baha Wallagga beeksise. Ummatni mirga isaaf falmatu ajeechaa fi hidhaa diinaan ni jabaata malee hin laaffatu.

Tarkaanfii boonsaa fudhatameen qabeenyi diinaa birrii miliyoona 500-tti tilmaamamu barbadaa'e. Mootummaan Wayyaanee erga aangootti ol bahee bittaa umrii isaa dheereffatuuf saaminsaan qabeenya horachuun of cimsuutti dabalee jaleewan, miseensotaa fi amanamoo isaa bu'aan bitatuu fi of deggersiisuun jiraate. Addatti ammo aangawotni TPLF qabeenya uummataa saamuudhaan qabeenya daangaa hin qabne horatuun kan hundaan beekamuu fi ifatti mul'atu dha.

Aangawoota TPLF kanneen akka Azeb Mesfinii fi Barakat Simon aangaawota tika sirluchaa waliin wal tahuun wiirtuu daldalaan Makaatoo naannoo "Jooniyyaa Safar" jedhamee beekamutti ijaaruun miseensotaa fi deggertoota isaaniitti kireessuun galii jabaa irraa argatuun of duroomsan Kanatti dabalees Wiirtuun daldalaan kun iaaniin alattis madda galii ol aanaa aangaawotaa fi jaarmaya TPLF tahee yeroo dheeraaf tajaajilaa ture. Gochaa saaminsaa daangaan alaa kana dhaabuu fi madda galii saamtotaa kutuuf tarkaanfii wiirtuu kana irratti fudhatameen wiirtuun daldalaan kun qabeenya keessatti argamu waliin guutummaatti barbadeeffameera. Walii gala tarkaanfii fudhatame kanaanis qabeenyi barbadaawe Birrii miliyoona 500-tti tilmaamama.

Gama biraan caasaa mootummaa fi aangoo qabanitti dhimma bahuun ummata Oromoo fi deggertoota QBO dura dhaabbatuutti dabalee kan ilmaan Oromoo hidhaa fi dararaa irraan gahaa turan irratti tarkaanfin maayyi fudhatame. Tarkaanfii bakka mul'ataa teessoo mootummaa abbaa irreetti fudhatame kanaanis

1. Komaander Tsehaayye Gebre Kiristoos, Komaandera Poolisii Finfinnee naannoo Meeksikoo
2. Komaander Siraaj Abdulqaadir kanneen jedhaman irratti fudhatame.

Tarkaanfin kun diina QBO yeroo dheeraaf irratti fudhatamuun ilmaan Oromoo fi deeggartoota QBO hedduu kan boonsee fi gammachiise dha.

Komaanderoonti kunneen lameen yeroo dheeraaf ilmaan Oromoo waraana keessatti argamanii fi ilmaan Oromoo mana hidhaatti ukkaamsaman irratti darara daangaa hin qabne geessisaa kan turan oggaa tahu akeekkachiisa kennamaa tureenis tuffii waan agarsiisaniif tarkaanfin maayii kun irratti fudhatame.

Kun kana oggaa tahu karaa biraan ummatni biyya isaa irratti tuffatamee akka lammii 2ffaatti ilaalamuu qabeeny isaa irratti alagaan ajaju tarkaanfii fudhatuun eenyummaa isaa agarsiisa. Mirgi isaa hanga kabajamuttis kan diina irraa hin dhaabne tahuu hojiin agarsiisa.

Mootummaan Wayyaanee saaminsa ofiif durummaan geggeessutti dabalee saamtota guuza waammatuun ummatoota cunqurfamoo mara addatti ammo ummata Oromoo jirenya dhorkatee akka jiru beekamaa dha. Kanneen lafaa fi qabeenya Oromoo saamuun ittiin duroomaajiran keessaa lammileen Chaaynaa maqaa investerummaan biyya seenan keessatti argaman.

Lammilee Chaaynaa saaminsa irratti bobba'an keessa tokko kan tahee fi harka mirgaan Wayyaanee tahuun kan hojjataa ture Saaying Jedhama. Lammii Chaaynaa kun akeeka saamuun duroomuu qabatee dhufe kana of irraa maqsuuf tarkaanfinn maayyi irratti fudhatamee jira. Investera Chaayinaa kan tahe Saaying Godina shawaa bahaa EAST INDUSTRIAL ZONE keessatti manaajerummaan tajaajilaa kan ture, lafa Oromiyaa abuuruuf wayita bobba'etti Godina Jimmaa aanaa Shaabee Somboo keessatti tarkaanfinn maayyi kun irratti fudhatame.

Uummata Oromoo irratti wayyaanee goobsuu keessatti dhaabbiileen investimentii Chaayinootaa fi Chaaynootni qooda ol aanaa akka qaban hubatamaa dha. Biyyaa fi lafa gurguruutti kan bobba'ee jiru sirni Wayyaanee yeroo ammaas lafaa fi qabeenya albuudaa investeroota

Chaaynaa fi Hindootaatti gurguruu itti fufee jira

I.U.Of!!